
VALMANIFEST 2026 PÅ AFAAN OROMOO

# PAARTII LIBERAALAA SKARA 2026

## Waliin irra jabeenya. Karaa ifa taheen fuulduratti.

### MAATII TEE. HEGEREE TEE. SKARA TEE.



Namoonni irra caalaan bu’urarraa waanuma wal fakkaatu barbaadu.

Joolleen mana barumsaa keeysatti akka milkooytu.

Maatitti nageenyummaan akka dhagayamu.

Hujiin fuuldura akka deemtu.

Kunuunsi fayyaa hoggaa barbaachisetti akka jiraatu.

Warreen akka manguddoo, akkoo fii akaakoo kabajaafii ulfinaan dhiheeysuu.

Hegeree itti amanuun dandayamu taatee mul’achuun akka itti dhagayamtu.

Abdiin tun eeysatti akka dhalatan, afaan kam akka dubbatan yookiin hangam takka Iswiidin keeysa jiraatan osoo hin laalle namoota tokkoomsu.

Paartiin Liberaalaa Skaraa bulchinsa magaalaa daran fooyyawaa tahee keeysatti guddatan, keeysatti hojjatan, maatii keeysatti horataniifii keeysatti dullooman tahuu akka dandayu amanti.

Tun irbuu teenya tan jiraattota Skaraati.

## 1. DAA’IMA KAMIYYUU JALQABA SIRRIITU MALAAN.

Manni barumsaa bu’ura carraaleeti.

Joolleen hoggaa baratte balbalti ni banamti.

Joolleen hoggaa duubatti hafan hulaaleen cufamuu jalqabu.

Barattoonni baay’een barnoota irraa hafuu, xiyyeeffannoo, amala dubbisuutiifii gahumsa barnootaa wajjiin rakkatu.

Manneen barnootaa barnoonni dursa kennamuuf barbaanna.

**Nuti tanaaf barbaanna:**

- Daree moobaayilarraa bilisa taate
- Hordoffii fooyyoytuu mana barumsaa irraa hafuu
- Hoggaa rakkoon uumamtu maatii waliin dafanii akka wal qunnaman mirkaneeysuu
- Mana kitaaba mana barumsaa fii dubbisinsa cimsuu
- Sochiilee mana barumsaa boqqonnaa gannaa fii barnoota yeroo boqqonnaa irratti xiyyeeyfate dhiheeysuu

Mana barumsaatiifii manni dirqama waliin hojjachuu qabu.

**Joolleen takkalleen cal’iftee daree keeysaa baduu hin qabdu.**

**Galmi keenya:** Bu’aa fooyyawaa, ifitti amanamummaa cimaa fii hoggaa barattoonni deeggarsa barbaadan deeggarsa dursee godhamu.

## 2. HUJIIN HULAALEE BANUU QABDI

Hujiin mindaadhaa oli.

Hujiin if dandahuu, ifitti amanamummaafii carraalee uumti.

Namni kamiyyuu carraa ogummaa haaraya horachuu, itti gaafatamummaa guddoo fudhachuu fii hegeree gaarii jaaruu qaba.

**Nuti ni barbaanna:**

- Afaan Iswiidin kan ogummaa hujii jabeeysuu
- Leenjii bakka hujii babal'isuu
- Karaalee hujiif ifa tahan uumuu
- Hooggansaafii dagaagina ogummaatiif carraalee dabalataa kennuu

Namoota jireenya hujii keeysatti tarkaanfii itti aanu fudhachuu barbaadan deeggaruu Keeysattuu ogummaalee oolmaya daa'immanii, mana barumsaatiifii manguddootaa cimsuu barbaanna.

Namoonni joollee teenyaafii manguddoota keenya kunuunsan kabajaa, deeggarsaafii carraa guddinaatu isaaniif mala.

**Galmi keenya:** Dandeeytii ol'aantuu, carraalee dabalataatiifii ogummaa boonsituu jabduu.

## 3. KABAJAAN ISAAN HAWAASA KEENYA JAARANIIF

Ummanni Skara ar'aa tana jaaran nageenya, kabajaafii kunuunsaatu isaaniif mala.

Maatiin warraa fii akkoo yookiin akaakoowwan gargaasa isaan barbaachisu arkachuu isaanii irratti miirri tasgabbii itti dhagayamuu qabu.

**Nuti ni feena:**

- Kunuunsa manguddoo keeysatti itti fufinsa guddaa uumuu
- Hojjattoota kunuunsaatiif deeggarsa fooyyawaa kennuu
- Seensa hojjattoota haarayaa fooyyeysuu
- Tumsa hooggansaafii hojjataa jidduu jiru cimsuu
- Sagantaalee hujii itti fufinsa qabdu uumuu

Kunuunsi gaariin hojjattoota dinqisiifannaan itti dhagayamuufii hujii isaanii hojjachuuf haalli sirrii tahe kennameef irraa eegala.

**Galmi keenya:** Manguddootaaf kunuunsa fooyyawaa fii hojjattootaaf haala hujii fooyyawaa tahe.

## 4. KUNUUNSI QABSOO TAHUU HIN QABU

Namoonni hoggaa kunuunsa barbaadan sirnicha keeysatti akka habaaban itti dhagayamuu hin qabu.

Eegumsi fayyaa dhaqqabamaa, hubatamaafii amanamaa tahuu qaba.

**Nuti wanni hojjachuuf barbaannu:**

- Kunuunsa fayyaa laaftumatti arkachuu
- Qunnamtii eegumsa fayyaa keeysatti fufinsa guddaa

Sirna baallama qabatinsaa salphaa tahe

Deeggarsa fooyyawaa daa'immaniifii manguddootaaf

Hoggaa dandahametti namoonni dooktara tokko dabranii dabranii qunnamuu qabu.

**Galmi keenya:** Kunuunsa fayyaa namoonni itti amananiifii nageenyi itti dhagayamu.

## 5. HAWAASA TOKKO KAN UMMATA WALITTI FIDU

Skaran mana namoota muuxannoolee, aadaalee, duudhaalee fii imala jireenyaa garagaraa qabaniiti.

Garaagarummaan san humna hoggaa namoonni wal arkan, waliif tumsaniifii amantaa wal irratti horatan.

**Nuti ni feena:**

Iddoo walqannamtii gamtaa baay'ee uumuu

Jireenya aadaa fii boqonnaa jabeeysuu

Maatiileef akka wal arkan carraalee dabalataa kennuu

Jireenya hawaasaa deeggaruu

Hirmaannaa bu'aa hin arkanne jajjabeeysuu

Tumsa jiraattota, waldayootaafii dhaabbiilee daldalaa jidduu jiru jabeeysuu **Hawaasni jabaan kan jaaramu gaafa namoonni wal beekanii waliin hojjatani.**

## 6. DARGAGGOONNI BARBAACHISOO TAHUUN ITTI DHAGAYAMUU QABA

Bulchinsi magaalaa cimaan dargaggoota isaati misoomsa.

Dargaggoonni gara fuulduraatti carraa, jajjabina, itti gaafatamummaafii amantaa barbaadu.

Dargaggoonni baay'een waan irraa fagaachuu qaban itti himama.

Hanga muraasaatu akka isaan barbaachisoo tahan itti himama.

**Nuti ni feena:**

Sochiilee ispoortii, muuziqaafii aadaa cimsuu

Gorsitootaafii warra fakkeenya tahan hedduu uumuu

Hujii gannaatiifii iddoolee shaakalaa hedduu dhiheeysuu

Tumsa mana barumsaatiifii jireenya hujii jidduu jiru gadi fageeysuu

Hujii hooggansaafii tola ooltummaatiif carraa dabalataa kennuu

**Namni dargaggeessaa kamiyyuu beekuu qaba:**

Ati bakki jiraattu asi

Ati barbaachisaadha

Gumaachi kee shoora taphata

Fuuldurri kee shoora taphata

**Galmi keenya:** Dargaggoota abdii qabu kanneen ifittiifii hegerettiis amanan.

## 7. KAAMPAANONNI NAANOO CARRAALEE NAANNOOTI UUMU

Bulchinsi magaalotaa ciccimoon kaampaaniilee ciccimoodha barbaadu.

Daldaloonni xixiqqoon, qonni, dukkaanonni, manni bunaa, kaampaanileen tajaajilaa fii daldaloonni maatii carraalee hujii uumuudhaan Skara jiraachisu.

**Nuti ni feena:**

- Walqunnamtii bulchisa magaalaa fii kaampaaniilee jidduu jirtu fooyyeysuu
- Bakka dandahametti adeemsa bulchinsa magaalaa salphisuu
- Bittaa haqa qabeeysaafii banaa taate mirkaneeysuu
- Leenjii fii iddoolee shaakalaa dabalataa uumuu
- Daldaloota xixiqqoo akka guddataniif carraa fooyyawaa kennuu
- Tumsa mana barumsaa fii jireenya hujii jidduu jiru jabeeysuu

**Hoggaa daldaltoonni naannoo milkaawan bulchinsi magaalaa guutuun fayyadamaa taha.**

## 8. GANDEEN BAADIYYAA CIMAA

Baadiyyaan eenyummaa fii hegeree Skaraatiif qaama barbaachisaadha.

Namoonni bulchinsa magaalaa guutuu keeysatti jiraachuu, hojjachuu, daldala geggeeysuu, maatii horachuu fii dulloomuu dandahuu qabu.

**Nuti ni feena:**

- Daandiilee fii qunnamtiilee fooyyeeysuu
- Bu’uraalee misoomaa dijitaalaa amanamoo tahan mirkaneeysuu
- Oomisha nyaataa biyya keeysaa deeggaruu
- Hawaasota naannoo cimsuu
- Dagaagina baadiyyaa irratti yeroo dheertuuf misooma godhuu

**Skara jabduun magaalaa si’ootuu fii baadiyyaa si’ootuu lamaanuu barbaaddi.**

## 9. SKARABORG HAARAYAAFII HUNDEEYFAMA LAMAANIIFUU

Maatiin teeysan dhalootaaf Skara keeysa jiraachuu ykn waggoota dhihoo asitti kan godaanan tahuus, qajeelfamni kun haala walfakkaataadhaan hujiirra oola.

Namni hojjatu, seeraafii dambii hordofu, itti gaafatamummaa fudhatee hawaasaaf gumaachuu barbaadu kamiyyuu asitti akka mana isaatti itti dhagayamuu qaba.

**Nuti qoqqoodamutti hin amannu.**

**Nuti walitti hidhaminsatti amanna.**

**Duubbeelee garagaraa. Fuulduree waliinii.**

## 10. DIMOKIRAASII FII KABAJAA

Lammiin kamiyyuu filannoo siyaasaa mataa isaa bilisaafii dhiibbaa takka malee murteeysuuf mirga qaba.

**Sagaleen tee iccitiidha. Sagaleen tee teeti.**

Namni kamiyyuu garee siyaasaa, garee yakkaa, dhiibbaa hawaasummaa, dureelee amantaa ykn nama biraatiin dhiibbaan irra gahuu hin qabu.

**Nuti kan amannu:**

- Bilisummaa
- Dimokiraasii
- Carraalee wal qixaa
- Itti gaafatamummaa dhuunfaa
- Kabajaan nama dhuunfaa hundaaf

**Dimokiraasiin jabduun namoonni hirmaachuu fii sagalee isaanii jabduu dhageeysisuu irratti jaaramti.**

# IRBUU TEENYA

Qormaata hunda halkan tokkotti furuu hin dandeenyu.

Garuu kallattii sirrii filachuu dandeenya.

Kallattii lamaanuu manni barumsichaa gaafii itti kaayuu fii deeggarsa itti kennu.

Bakka hujiin carraalee itti uumtu.

Bakka manguddoonni kabajaadhaan itti laalaman.

Bakka dargaggoonni barbaachisoo tahuun itti dhagayamtu.

Bakka kunuunsi fayyaa laaftutti arkamuu dandayu.

Bakka dimokraasiin itti tiiyfamtu.

Bakka namoonni kabajaadhaan itti wal arkan.

Bakka Skaraan gara hawaasummaatiin, itti gaafatamummaa fii amantiidhaan gara fuulduraatti jabaattee itti guddattu.

**San Skara nuti amannu. San Skara nuti hojjannuufi.**

**Paartii Liberaalaatiif sagalee kenni.**

**Maatii teetiif. Hegeree teetiif. Skara jabduu taate takkaaf.**

